Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



Mootii Gaarii, Mootii Gadhee

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Lazarus, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Minaasiif guyyaa gaddaa ture. Abbaan isaa mootiin Ahaaziyaan in du'e. Amma umuriin 12, saba Waaqayyoo Yuhuudaa keessatti jiru irratti mootii haaraa ture. Isa hin beeku, garuu Minaas waggoota 55f mootii ture. Minaasa mootii gaarii ta'uuf gargaarsa Waaqayyoo barbaada.

Garuu Minaas yaada Waaqayyoo didee cubbuu hojjete. Minaas iddoo aarsaa waaqa tolfamaa itti dhiyaatu deebisee ijaare. Teessumichi mana qulqullummaa Waaqayyoo keessatti hamma inni boca qabaatutti hojjete. "Karaa Musee Waaqayyo akkas jedheen, fakkii boca golbaa kam illee hin hojjetin. Jijjiiruus tajaajiluu hin dandeessu."

Minaas Waaqa tolfamaa waaqesse. Saba Waaqayyo irraa fageesse. Mootichi mucaa isaa gubee waaqa tolfamaaf aarsaa dhiyeessuutti ga'e. Abboomamuu diduun Minaas Waaqayyoon baayyee aarse.



Yeroo sabin isaa abboomamuu didu, Waaqayyo adabbiitti dabarsee isaan kenna. Innis waan Minaasiifi saba inni geggeessu irra ga'eedha. Waaqayyo loltoota warra Sooriyaa isaanitti fide. Dhimma kanaan walqabatee Minaas yeroo kana gara Baabiloonitti fudhatame.





Baabiloonitti dararame, Minaas waan isa irra ga'eef Waaqayyoon Waaqa isaa komate. Waaqa abbootii isaa duratti gad of deebisuun Waaqayyoon kadhate.

Kadhati waaqa tolfaamaa fi du'aa ta'ee kana caalu hin jiru. Garuu, erga cubbuu hagas kana ga'u hojjetee booda Waaqin jiraataan deebii in laataafii?

Eeyyee! Waaqayyo kadhata mootii dhaga'e gara Yarusaalemitti deebisee, teessoo mootummaa isaatti deebi'e, saba irratti mootii ta'e. Minaas Waaqayyo gooftaa akka ta'e bare.

Minaas nama haaraa ta'e. Fakkaattii mana qulqullummaa Waaqayyoo fuudhuun waaqolee tolfamaa biyya alaa Yarusaalem keessa jiranii hundumaa walitti qabe. Hunduma isaanii gad darbate. Bakka aarsaa mana qulqullummaa Waaqaa ijaaree galtaaf qopheesse.



Waaqa Israa'elf sabin isaa akka tajaajilu ajaja dabrse. Jijjiirama akkamiitu Minaas keessatti ta'e!



Yeroo Minaas du'e, Ilmi isaa Amoon, Waaqa tolfamaa waaqessuutti deebi'e. Akka Minaase fuula Waaqaa duratti gad of hin qabne. Akkuma cubbuun Amoon dabalaa deemeen, xumura irratti tajaajila isaa mana isaa keessatti ajjeesan. Waggaa lama qofa bulche.



Mootiin itti aanu, Iyaasuun, waggaa torba ture. Akka yaada Waaqayyootti geggeessuun waggoota 31f mootii ture. Waaqessuu sobaa fi waaqa tolfamaa hundumaa barbadeesse. Iyyaasuun bu'uuraalee waaqa tolfamaa daakuu taasise.

Mootii gaarii Iyyaasuun mana qulqullummaa Waaqayyoo qulleessuun haaressee jiraare. Lubi isa gatame keessaa macaafa seera Waaqayyoo Museetu argame.





Jechoota seeraa mootiin yeroo dhaga'u, gadda keessatti uffata isaa tarsaase. Dhalooti isa dura turan seera Waaqayyoo cabsuun hagam akka isaan Waaqayyoon gaddisiisan inbare.

Ergaan Waaqayyoo gara Iyyaasuu dhufe maqaa Raajii Huludaa jedhama. "Innis Waaqa, walitti qabaa, abaarsa hundumaa macaaficha keessaa nandhaabaa." Garuu Iyyaasuun kan gad of-deebisee fi abboomamaadha, waanti amma ta'e kun hamma du'aa isaa boodaatti illee deeb'ee hin ta'u.

Sabin isaa gara Waaqayyoo akka deebi'uuf Waaqayyo Iyyaasuun akka geggeessuuf gargaare.

Guyyaa tokko, utuu inni hloltoota isaa dirree waraanaatti dursaa jiruu xiyya diinaatiin madaa'e.

Tajaajiltooti isaa baatanii gara Yarusaalemi bakka inni itti du'etti geesse.

Sabinsaa hundi in gaddanfaaruu Iyyaasuu ittin faarsaan baasan.



Akkuma sanaan, mootummichi in xumurame. Garuu guyyaa tokko, kan Israa'eliin bulchu haaraan ka'e. Maqaan isaan

MOOTII MOOTOTAA, WAAQA WAAQOTAA.

Yeroo jalqabaaf yeroo gooftaan Yasus Kirstoos dhufu, in jibbame in fannifame. Yeroo Yasus Kirstoos deebi'ee yeroo dhufu, mootii Israa'el qofa utuu hin taane guutummaa biyya lafaa irratti mooitiidha.

Mootii Gaarii, Mootii Gadhee

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Macaafa moototaa isa lammaffaa 33-36

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16